



SMC 14.28 Dhiisicha Baasii Eeggumsa Fayyaa - 2021 (EXP) Fedhiini (Voluntary Healthcare Expenditure (EXP) Waiver)

Uunkan kuni tarii hojjataa kenna hojjachiisaa irraa kennamu kan ji'aa kan baasii eeggumsa fayyaa akkaataa Argannaa Eeggumsa Fayyaa Fooyya'aa Hojjattoota Hoteelotaatif jedhuutin dhiisuu danda'u, Danbii Magaalaa Seattle (Seattle Municipal Code (SMC) 14.28.) Hojjattoonni dhiisuu barbaadan uunka kana dubbisuu qabu dhiisuudhaaf kan ga'aa ta'an ta'uu isaanii murteessudhaaf.

Hojjachiistonni fii Hojjattoonni waa'ee uunka kanaa gaaffii qabanWaajjira Sadarkeessa Ga'uumsaa (Office of Labor Standards (OLS)) 206-256-5297 irratti qunnamuu yookan marsariitii OLS
<http://www.seattle.gov/laborstandards/ordinances/hotel-employee-protections>. ilaaluu danda'u

Kutaa A. ODEEFFANNOO HOJJACHIISTOTAAF

Hojjachiistonni uunka kana keessa deebi'uu fii xumuruu qabu hojjataadhaf kennuu duratti.

Sirrii ta'uudhaf, haalonni SMC 14.28 dhaan fii Seera Dhala Namaa Seattle (Seattle Human Rights Rule) 190-250 gaafataman hunduu guutamuu qabu. Kuni kan hammatu, garuu kan itti dangeffamu miti:

- Hojjataan dhiisuu isaa akka mallatteessuf dhiibaan irra jiraachuu hin qabu.
- Hojjachiisaan hojjataan dirqama mallatteessuu yookan agarsiisuu akka qabu eeruu hin qabu.
- Uunkan dhiisichaa dirqama guututti guutamuu qaba.
- Uunkan dhiisichaa karaa kamiinuu jijjiiramuu hin qabu.
- Uunkan kkuni afaan jalqabaa hojjataatin hijachiisadhaan isaanif dhiyaachuu qaba. Uunkichi afaan gara biraan marsariitii Office of Labor Standards irratti ni argama.

Karoora Hojjachiisaa BAASIWWAN EEGUMSA FAYYAA guutuudhaaf: _____
(Maqaa hojjataa Jalqabaa fii Xumura)

E/L	Gosa baasii	Hammamta ji'a
	Kaffaltii(wwan)inshuraansii fayyaa kan hojjachiisadhaan taasifamanii.	
	Kaffaltii(wwan) qusannaawwan herrega fayyaa	
	Kaffaltiiwwan herrega deebisaawwan kaffaltii fayyaa	
	Kaffaltiiwwan herrega fedhiidhan baafamu	
	Kan biraa [Adda baasi]:	
	Kaffaltiiwwan galii dhaabbataa	

Qunnamtii Hojjachiisa: Hojjattoota gaafiwwan baasiwwan fayyaatin wal qabatan qabaniif

Maqaa Hojjachiisa	
Teessoo Hojjachiisa	
Nama Qunnamtii Hojjachiisa	
limeela yookan Bilbila Qunnamtii	



KUTAA B. ODEEFFANNOO HOJJATTOOTAF WAA'EE MIRGOOTA ISAANII
Hojjattoonni kana of eggannoodhan dubbisuu qabu.

Maqaa Hojjachiisaa (Jalqabaa fi Xumura): _____

Seerri Seattle hojjachiisaa kana baasiwwan eeggumsa fayyaa ji'aan siif yookan bakka kee akka siif taasisu gaafata. Baasiwwan eeggumsa fayyaa mallaqa ati tajaajila eeggumsa fayyaa akka argattuuf hojjachiisaa keetin kaffalamuudha. Fakkeenyaaf, hojjachiisan kee dandeettii:

- Sagantaalee inshuraansii fayyaa keesatti si galchuuf kaffaltiiwwan taasisuu;
- Herrega qusannaa fayyaa kessatti yookan herrega kaffaltee deebisaa fayyaa keessatti siif kaffaluu; fii/yookan
- Kaffaltiiwwan galii dhaabbataa siif taasisuu ni danda'a.

Hojjachiisan kee dirqama seeraa isaanii guutuf karaa(lee) kam filatu. Hammi hojjachiisan kaffalu hammamtaa maatii keetii irratti hundaa'un garagara ta'a. Hammamtaalen ammaa marsariitii OLS irratti tarraa'anii jiru.

Haalota muraasa keessatti hojjachiisan kee baasii eeggumsa fayyaa kee siif kennuu dhiisuu danda'a utuu kaffaltii tokkoyyuu siif hin kaffalin yoo bakka kee hin kaffalinillee. Kuni ta'uudhaf, kanneen armaan gadii dhugaa t'uu qabu:

1. Hojjiisaan baasii kafaltii hamma guutuutti sigammachiisuu karoora qaba.
2. Karoorri \$87.40/ji'atti (2021) ol nama hin gaafatu tajaajila baasii eeggumsa fayyaa argachuuf (fkn kafaltii duraa Inshuraansii eeggumsa fayyaa hojjachiisaan kennuu)
3. At fedhii keetiin karoora kafaltii hojjachiisaa guutuutti yookan cinaa isaa dhiisuu
4. At fedhiin dhiisuu kana mallatteessuu

Kun yoom taha? Sirriidhaan, kun kan tahu yoo hojjachiisaan dirqama bahachuudhaaf kaffaltiiwwan taasisuun karoora inshuraansii fayyaa keessatti si hirmaachiseedha.

Karaa hojjachiisan baasiwwan ittiin siif kaffalu hunda yookan hamma tokko hin fudhattu taanan, hojjachiisan kee mirgoota baasiwwan kanneen fudhachuu dhiisuu mallatteessudhaan akka dhiistu si gaafachuu danda'a.

Yoo mallatteessite, hojjiachiisaa keetti haguugguu fayyaa madda gara biraa kan qabdu fii inni baasiwwan fayyaa siif kaffalamu yookan bakka keef kaffaluu akka dhaabu itti himaa jirta. Dhiisuun kuni waggaa tokkoof gaaridha. Hojjachiisan dirqqama uunkaa haaraa ati mirgoota kee dhiisuu ibsu tokkoon tokkoo waggaa qabaachuu qaba.

Fedhiidhan dhiisuu kee yeroo barbaadde yeroo banaa waggaa maiyyuu keessatti dhaabsisuu (adda kutuu) ni dandeessa yookan sababa ta'ee ulaagaa haguuggii fayyaa kan hojjachiisaa kee ammaa guuchisuutin. Addaan kutiin kuni dirqama barreeffamaan ta'uu qaba. Fakkeenyi afaan ati fayyadamuu dandeechuu marsariitii OLS irratti ni argama.

Yoo ati HIN mallatteessitu ta'e garuu baasii eeggumsa fayyaa guutuutti yookan hanga tokko dhiisuu kee itti fufta yoo ta'e, hojjachiisan kee baasii fayyaa kee siif kaffaluuf dirqama hin qabu.

Yoo ati HIN mallatteessitu ta'e garuu baasii eeggumsa fayyaa guutuutti yookan hanga tokko dhiisuu kee itti HIN fuftu yoo ta'e, hojjachiisan kee baasii fayyaa kee siif kaffaluuf dirqama qaba.



FEDHIIDHAN DHIISUU HOJJATAA

Mirgoota kee dhiisuu barbaadda qofa yoo ta'e mallatteessi.

Maqaa Hojjachiisaa (Jalqabaa fi Xumura): _____

Gaditti mallatteessudhaan, Akkaataa seera Kutaa Biyyaa Washington tti ani kanneen armaan gadii dhugaa ta'uu isaanii nan rageessa:

- Odeeffannoo armaan olii waa'ee mirgoota kiyyaa akkaataa seeraatti dubbisuu fii hubachuukoo.
- Baasiwwan eeggumsa fayyaa hojjachiisan kiyya naaf dhiyeesse hundumaa yookan hanga tokko dideera, kanneen kutaa A uunka kanaa keessatti tarreeffaman.
- Hojjachiisaa kanarraa mirga koo baasiwwan eegumsa fayyaa fudhachuu dhiisuu fedha.
- Kaasichi kuni waggaa tokkoof gaarii ta'uun hubadha.
- Kaasuu koo barreeffamaan addaan kutuu akka danda'u nan hubadha.
- Gaafii yoo qabaadhe, nama qunnamtii hojjachiisaa kutaa A keessatti tarreeffame dubbisuu danda'uu mala.

Maqaa Hojjataa			
Mallattoo			
Guyyaa		Kallattii (Magaalaa, Kutaa biyya)	